

## Akka Adda Baafamaa Barbaachisaatti Odeeffannoo Waa'ee Gahee Keetii Bakka Bu'aa Bakka-jireenyaa Dabalataa (NSA) Information About Your Role as the Identified Necessary Supplemental Accommodation (NSA) Representative

Ati bakka bu'aa maamila NSA kanaaf adda baafamedha:

MANAAJERA LEECALLOO DHIMMAA

LAKKOOFSA BILBILAA

### **Bakka bu'aan maamila NSA maali?**

Seerri Isteetii (RCW) fi danbiwwan Bulchiinsa Hir'ina Guddina Qaamaa (DDA) (WAC) murtoowwan ulaagaa DDA, tajaajilawwan DDA irratti dhiibbaa taasisee akka filannoon dhiyeessaa maamila DDAtti, akkasumad yoo xiqqaate nama biroo tokkotti akka ergu gochuu dabalatee hubachiisa barreeffamaa hundaa barbaachisa Namni biroo kun kan ilaallatu bakka bu'aa NSAti.

“Bakka-bu'aa Bakka-jireenyaa Dabalataa” jechuun maamilli tokko dokumentoota hubatee mirgoota maamilaatti akka gargaaramuuf namni dhuunfaa koppii beeksisa tarkaanfii karoora (PANs) DDA fi ergaa dippaartimentii biroo kan fudhatudha. Yeroo maamilli guddistuu seeraa kan hin qabne ta'ee maamilichi tajaajilawwan gaafaachaa ykn DDA fudhachaa kan jiru ta'e bakka-bu'aan NSA maamila DDA tokkoon adda baafama.

### **Akka bakka bu'aa NSA maamilaatti itti-gaafatamummaawwan seeraa akkamiin qaba?**

Bakka-bu'oonni addatti itti-gaafatamummaa maamilaa seeraa kamiyyu:

- Maatiiwwan dhalootaa, biddeena, ykn guddisaa warra mirgi guddisuu daa'ima/maamila isaanuu umuriin waggaa 18 gadi ta'e qaban;
- Guddistoota seeraa mana-murtiin maamiltoota umurii kamiifiyyu filataman.

### **Akka bakka-bu'aa NSA maamilaa adda baafame tokkootti itti-gaafatamummaawwan koo maalidha?**

Akka bakka-bu'aa NSA maamilaa ramadameetti, Beeksisa Tarkaanfii Karoorfamee DDA fi ergaa DDA biroo maamilichaaf ergame hunda fudhatta.

- Daa'ima umuriin waggaa 18 bakka buuta ykn maamila gaheessa DDA akka beeksisa DDAtiin ergameef hubatan gargaarta.
- Yoo maamilichi murticha mormuu barbaade, karaa adeemsa iyyannootiin maamilicha gargaarta.
- Akka bakka bu'aa maamilaatti kan hojjetu koppiwwan beeksisaa fudhachuufi maamilichi akka hubatee deebisuuf gargaaruuf qofa. Daa'ima umuriin waggaa 17 ta'eefi isaa gadiif ykn nama umuriin isaa waggaa 18fi isaa ol ta'eef guddisaa yoo taatee maatii/gaheessa seeraan itti gaafatamaa ta'uu (akka gaditti ibsametti) baannaan maamilichaaf mallatteessudhaaf “hayyama seeraa” hin qabaattu.

### **Yeroo hangamiifan itti-gaafatamummaa kana baadha?**

- Yoo maamila umuriin waggaa 18 gadi ta'eef maatii uumamaa/dhalootaa, biddeena, ykn guddisaa taate, hanga daa'imni sun umuriin isaa guyyaa dhalootaa waggaa 18 kabajatuutti itti-gaafatamummaa seeraa qabda. Maatiiin tokko itti-gaafatama bakka-bu'ummaa NSA daa'ima of hin dandeenyee isaanii kaasuu dhiisuu danda'u.
- Yoo daa'ima ykn gageessa tokkoo guddisaa seeraan ramadamte taate, hanga gaheen guddisuu addaan citutti itti gaafatamummaa qabda. Guddisaan namni biraan akka bakka bu'aa NSA maamilaatti akka hojjetuuf gaafachuu danda'a.
- Yoo maamilicha waliin hariiroo seeraa hin qabdu taate, maamilichaafi manaajera dhimmaa/leecalloo DDA maamilaa beeksisuun bakka bu'aa NSA maamilaa ta'uu yeroo kamittiyyu dhaabuu dandeessa.
- Yoo maamilicha waliin hariiroo seeraa hin qabdu taate, maamilichi manaajera dhimma isaa qabate/batte beeksisuudhaan bakka-bu'aa NSA kan biraa gaafachuu danda'a.

### **Yoo maamilichi ani bakka bu'u akka ani bakka bu'aa NSA isaa/ishee ta'u hin barbaadu ta'e maaltu ta'a?**

Yoo maamilichi akka ati bakka bu'aa NSA isaanii taatu hin barbaadan ta'e, DDA akka nama biroo barbaadaniif ni gargaara.

- Maamilichi yoo umuriin inni/isheen waggaa 18 ykn isaa ol ta'eefi bakka-bu'aan guddisaa mana-murtiin hin ramadamne ta'e qofa filannoo bakka-bu'aa waliin waliigaluu diduu danda'a.
- Yoo maamilicha waliin hariiroo seeraa qabda ta'e, tumsa isaa/ishee malee bakka maamilichaa bu'uun hojjechuu ni dandeessa.

### **Kun maallaqa wayii na baasisaa laata?**

Gahee bakka-bu'ummaa maamilaa waliin walqabatee baasiwwan ykn kaffaltaawwan adda baafamanii jiru jedhaman hin jiran.

## **Teessoo ykn lakkoofsa bilnilaa haaraa gabaasuudhaaf eenyutti bilbilu?**

Jijjiirama teessoo ittiin ergaan siif ergamu, bilbila, ykn maamilicha waliin haale seeraa jiru ilaalchisuun jijjiirama jiru gabaasuuf Manaajera Dhimmaa/Leecaloo DDA adda baafametti bilbiluu qabda.

## **DDA irraa odeeffannoo ittii qunnaman meegan eeguu danda'a?**

- DDAn tokkoo tokkoo madaallii ykn gimgamaa waggaa, teessoo ergaa itti siif ergan mirkaneessuuf kan murtee akka maamilichi mirgoota iyyachuu qabaatu taasisu dursa si qunnama. DDAn bakka-bu'aa NSA ammallee maamilichaa ta'uuf waliigaltee gahee kee hubattee taanaan ni mirkaneessa. Kanaan booda akka bakka-bu'aa NSA maamilaa ta'uu hin barbaadne manaajera dhimma kee qabatetti beeksisuu baannaan, waliigalteen keefi hubannaan kee ji'oota 12 akka hojjetutti fudhatama.
- Murtichaafi mirgoota iyyachuu maamilichaa ibsuudhaaf DDAn beeksisa waakkachuu, hir'isuu, ykn ulaagaa guutuu addaan kutuu, tajaajila ykn dhiyeessaa maamilaa siif erguu dura si qunnamuudhaaf ni yaala.
- Beeksisa Tarkaanfii Karoorfame siif erguu dura CRM yoo xiqqaate si lama si qunnamuudhaaf ni yaala.

## **Waa'ee beeksisaa ykn murtee ykn ammoo adeemsa iyyachuu gaaffiiwwan yoon qabaadhe eenyuttan bilbiluu danda'aa?**

Tokkoon tokkoo Beeksisa Tarkaanfii Karoorfamee yoo gaaffiiwwan kan qabaattu ta'eef si qunnamuudhaaf maqaafi lakkoofsa bilbilaa qabata.

## **Waa'ee adeemsa murtee DDA iyyachuu irratti maal natti himuu dandeessa?**

Tokkoon tokkoo Beeksisa Tarkaanfii Karoorfamee akkamiifi yoom murticha irratti iyyata galchuu irratti odeeffannoo siif kenna.

1. Maamiltonni DDA ulaagaa guutuu, tajaajila, sagantaa, ykn dhiyeessaa filachuu ilaalchisee murtee DDA mirkaneeffachuu, diduu, hir'isuu, addaan-kutuu, ykn dhiisuu irratti dhiibbaa qabaatu kamiyyu irratti iyyachuuf mirga ni qabu.
  - Maamilichiifi bakka-bu'aan NSA isaanii adda baafame murteewwan DDA ulaagaa guutuu, sadarkaa tajaajilaa, ykn diddaa ykn addaan kutuu dhiyeessaa irraan dhiibbaa geessisan hundaaf beeksisa barreeffamaan fudhachuu qabu.
  - Beeksisichis addatti guyyaa tarkaanfichi hojiirra oolu, sababaafi WAC sirrii ta'e, mirgoota iyyachuufi iyyatawwan galfachuuf yeroo kaa'amed hiyeessyy qaba.
2. Iyyatawwan maamilaa karaa iyyata bulchiinsaa dhaga'uu Abbaa-mustii Seeraa Bulchiinsaatiin (ALJ) dhaga'amee murtaa'a. Iyyata dhaggeeffachuun gamoo DSHS keessatti ykn bilbilaan gaggeeffame. ALJ kan dura bu'uun gaggeessu yoo ta'u ni waraabamalleeti.
  - Bakka-bu'ummaan abbaa seeraa hin barbaachisu garii ni hayyamama.
  - Bakka-bu'aan NSA maamilichaa akka maamilichi dhimma isaa/ishee dhiyeessu/ssitu ykn abbaa seeraa akka qabaatu/ttu gargaaruu danda'a.
  - Hojjetoonni DSHS iyyata bulchiinsaa dhaggeeffachuu irratti maamilichi bakka bu'uu dhiisuu danda'u.
  - DDAn qindeessitoota iyyata bulchiinsaa dhaggeeffachuu warra adeemsicha DDAf mijeessan ni qaba. Gargaraan Abbaa Alangaa Waliigalaa mariyachuudhaafsi ta'e yeroo tokko tokko ammoo DDA bakka bu'uudhaaf ni jira.
3. Maamilli tokko ykn namni bakka isaa/ishee bu'ee hojjetu tokko afaaniin ykn barreeffamaan iyyata bulchiinsaa gaafachuu ni danda'a.
4. Kaamni kamiyyu (maamilaafi dippartimentiin) dhimma falmisiisaa ta'e irratti ragaa dhiyeessuu qaba. Ragichi ammoo Koodii Bulchiinsa Waashingiteen (WAC). irratti kan hundaa'e ta'uu qaba.
5. ALJn murtee barreeffaman ni baasa. Murtichi WAC irratti hundaa'uu qaba.
  - ALJn ammoo WAC jiru dhiisuudhaaf ykn WAC jijjiiruudhaaf ykn hin hojjetu jedhee labsuudhaaf aangoo hin qabu
  - Kaayyoon iyyata dhagahuu yoo DDAn murtee sirrii akka danbii dippartimentiitti dabarseera ta'e murteessufidha.
6. Qaamoleen lamaanuu murtee jalqabaa ALJn taasise Boordii Iyyataawwaniitti iyyachuuf mirga ni qabu.
  - Boordiin Iyyataawwanii (BOA) DSHSf hojjeta waan ta'eef murteen isaa DSHS/DDAatiif murtee isa dhumaati.
  - Maamilichi murtee BOA Mana-murtii Olaanaatti iyyachuu ni danda'a.

Wabiiwwan WAC:

WAC 388-825-100 karaa 105

WAC 388-825-120 karaa 165

### **Unki Bakka-bu'aa Maamilaa NSA maalidha (16-195)?**

- Unki Bakka-bu'aan Maamilaa NSA maamilawwaan DDAtiif ibsa Bakka-jireenyaa Dabalataa Barbaachisaati.
- Kan 16-195 jiru dirqama ta'uu baatus, NSA maamilaan ramdame kamittiyyu kennamuun isaa ciminaan gorfama.
- Yoo kan 16-195 jiru kenname, akka qaama waliigaltee NSA kan NSA ta'uuttiifi gahee NSA hubachuutti SER keessatti dokumenti godhi.
- Gaheen NSA mataan isaa maamilicha bakka bu'uudhaan aangoo seeraa kamiyyu akka hin kennine NSAttii himi maaloo.